


Odeeffannoo barbaachisoo waa'ee talaallii koroona




Talaallin Koroona maaliif naaf gaarii dha?

- ▶ Talaallin Koroona baay'isee sirriitti isin eega. Talaallin kun dhibee Koroona hamaa ta'ee fi du'aa irraa isin eega.
- ▶ Dabalataanis, maatii keessan dhibee irraa eegu.
- ▶ Namoota talaallii koroona fudhataniif seerri koroona **muraasa** kan jabaatu ta'a. Garuu namoota talaallii hin fudhanneef **hin** ta'u.
- ▶ Talaallii koroona fudhachuun fedhii dhuunfaa irratti kan hundaa'ee dha. Garuu: ofii keessan eegaa!



Koroona akkamitti ilaaluu dandeessu?

- ▶ Namoonni tokko tokko baay'ee dhukkubsatu ykn rakkoo fayyaa kan yeroo dheeraatu isaan quunnama.
- ▶ Namoonni tokko tokko gara hospitaalaa deemuu qabu, tokko tokko ammoo gara kutaa kunuunsa olaanaa yoo ta'e illee.
- ▶ Namoonni baay'een duraan iyyuu koronaadhaan du'aniiru.
- ▶ Dhibeen koroona, addumaan namoota akkasiitiif hamaa dha: namoota dulloomoo ta'aniif ykn namoota dhukkuba muraasa qabaniif. Garuu yeroo tokko tokko namoonni dargaggeeyyii fi fayyalessa ta'anis baay'isanii dhukkubsatu.




Talaalliiwwan kunneen hagamitu gaarii dha?

- ▶ Talaalliiwwan garaa garaatu jira. Marti isaaniis Ejensii Qoricha Awuroopaatiin gamaaggamamanii jiru.
- ▶ Dhabaa/dhabduu isin **hin taasisu**, akkasumas chiipiin isiniif **hin kennamu**. Interneeta irra **ergaawwan dogongoraa** kan biroo hedduutu jiru.
- ▶ Akkuma qorichawwan kan biroo, yeroo tokko tokko miidha inni qaqqabsiisu kan jiru yoo ta'u, garuu kun baay'ee muraasa. Namoonni baay'een talaallii kana sirriitti fudhatanii jiru.
- ▶ Yeroo muraasaaf miirri dhukkubbii isinitti dhagahamuu danda'a. Haata'uyyuu malee, dhibeen koroona ammoo kanarra kan hammaatuu dha.




Talaallin kun hagam kaffalchiisa?

Talaallin kun **kaffaltii irraa bilisa**.



Talaallii hagamii na barbaachisa?

Talaallin kan waliigalaa, garaa garummaa torbanoota muraasaatiin talaalliiwwan lama isiniif laatamu. talaalliiwwan lamaanuutiif beelamni kan isiniif laatamu ta'a. Isin dhibee hamaa kanarraa of eegaa malee.



Talaallii kana akkamiinan argachuu danda'a?


- ▶ Talaallii kanaaf **beellama** fudhachuu isin barbaachisa. Isa kanaaf ammoo galmaa'uu qabdu.
- ▶ Yeroo muraasa booda dhaamsi isin qaqqaba. Achi irraas beellama kan talaallii ilaaluu dandeessu.



impfzentren.bayern.de

Akkamiinan galmaa'uu danda'a?


- ▶ Ogeessa fayyaa maatii keessanii biratti galmaa'uu dandeessu. Ogeessonni fayyaa kan maatii keessanii kun talaallii ni kennu.
- ▶ Karaa toora **interneetaa** galmaa'uu dandeessu: **www.impfzentren.bayern.de**
- ▶ ykn ammoo bilbiluu dandeessu, **lakkoofsa bilbilaa** kana irratti: 0911 / 148 98 243.



**CORONA
IMPFZENTRUM**


Talaallii kana, Nuremberg keessaa eessattan argachuu danda'a?

- ▶ **Ogeessa fayyaa maatii** keessanii biraa.
- ▶ Giddugala egzibiishinii keessa **giddugala talaallii** keessatti (Buufata lafa jela „Messe“ kan daandii lafa- jela U1)
- ▶ Giddugala Magaalichaa keessatti bakka **„Citypoint“** tti (Buufata lafa jela „Lorenzkirche“ kan daandii lafa- jela) Teessoon isaa: Pfannenschmiedsgasse 20, Nuremberg
- ▶ Bakka **galmee geejibaa kan duraanii** keessatti. Teessoon isaa: Gro reutherstr. 115 B, Nuremberg



Yeroo talaalliin kennamutti maaltu ta'a?


- ▶ Osoo talaalliin kun hin kennamin dura, ogeessi fayyaa tokko isin waliin haasa'uudhaan waan hundumaa isiniif ibsa. Gaaffii kamiin iyyuu gaafachuu dandeessu.
- ▶ Isaan boodas talaalliin kun karaa irree keessanii isiniif kennama.
- ▶ Talaallii kanaan booda, daqiiqaa 15 kan ta'uuf bakka buufataa turaa.



www.nuernberg.de

Dabalataan gaaffii kamiin illee qabduu?

Kiliniika Nuremberg keessa viidiyoowwan ni argamu. Waa'ee talaallii ilaalchisee gaaffiilee baay'ee barbaachisoo ta'an 10 ogeessonni fayyaa ni deebisu. Afaanota kanaan viidiyoowwan kunneeniif mata duree xixxiqaa qopheessuu dandeessu: Viidiyoo kana asii argachuu dandeessu: **www.klinikum-nuernberg.de/impfvideos**



integreat.app/nuernberg/de

Dabalataanis, odeeffannoon dabalataa toora interneeta kana irratti ni argamu: **www.nuernberg.de**